Lallaba ‘Waadaa Tokkummaa Qabsaawota Walabummaa Oromiyaa’

Gumii Idda Bu’oota THBO
Guyyaa: Ammajjii 31, bara 2009

Walgayiin Gumii Idda Bu’oota THBO bultii lamaaf teessoo godhate irratti bu’ura marii gurguddoo ta’an gad-fageenyaan xiinxalee jira. Qabxiileen marriin irratti godhame:

A) Dararaa humni diinaa waggaa dhibbaa ol ummata Oromoo irra geessaa turee fi kan har’aan tana irra geessaa jiru,
B) Haala mooraa diinaa keessa jiru fi tooftaalee humni diinaa ummata Oromoo lafarraa dhabamsiisuuf baafatee fi baafachaa jiru,
C) Haala mooraa qabsoo Walabummaa Oromiyaa keessa jiru fi kan mooraa diinaa keessa jiru wal-afoo qabanii hoo madaalan maal akka fakkaachaa jiru,
D) Fedhii fi dhaamsa ummanni Oromoo baroota dheeraa qabsawoota Oromoo hundaaf dabarsaa turee fi hardhas dabrasaa jiru turan.

Marii adeemsisame irraa wal-hubannoon argame, ir’innoota gurguddoo mooraa qabsoo walabummaa Oromiyaa keessatti mul’atan keessaa inni tokko humni qabsaawota Oromoo faffaca’uu irraa kan madde hooggana jabaa, jaarmaya ititaa fi warraaqaa dhabuu, sababa kanaanis sabni Oromoo yaadaan faca'ee diinni milkaahutti akka jiru argisiisa. Ir’inna kana furuudhaan gabrummaa saba Oromoo irratti fe’ame dhabamsiisun dirqama qabsaawota walabummaa Oromiyaa hunda tahuun sirrtii jala sararamee, murtiilee jajjabboo fi hatattamaa kan tokkummaa qabsaawota walabummaa Oromiyaa itichuuf barbaachisu irratti sagalee tokkoon akka armaan gaditti walii galamee jira.

1. Kaayoon Qabsoo saba Oromoo, Oromiyaa walabaa keessatti ummata bilisaan mootummaa birmaduu dimokraatawaa republika Oromiyaa ijaaruudha. Mirgi kun mirga ummanni Oromoo akka sabaatti qabu, mirga kaayoo hundee kana irratti waalta’u. Kana jechuunis: Kaayoo hin shasharafamne kan walabummaa Oromiyaa, bilisummaa ummata Oromootii fi birmadummaa mootummaa Oromiyaa irratti hundaawuu ‘Ummanni Oromoo, Oromiyaa Walabaa akka deebifatu, Oromiyaa walabaa keessatti mirga guutuu sabummaa fi dhala-namoomaa akka gonfatuu, Oromiyaa walabaa keessatti mootummaa birmaduu dimokraatawaa republika Oromiyaa akka ijaaratu’ gurmuu tokkoon qabsoo godhuuf waadaa galle.

2. Kaayoo walabummaa Oromiyaa daandii warraaqsa diddaa gabrummaa, tarsimoo qabsoo hidhannootii fi dhawaa-mala siyaasaa waraanummaa, sirnaa fi kaayoo jaarmayaa fi hoggana warraaqaa, walabaa, dimokiraatawaa fi waaltayaa utubaa tokkummaa kaayoo/galii siyaasaa, tokkummaa jaarmayaa tarkaanfii duraa taasifannee wolitti dhangala’uun jaarmaya ititaa, hoggana warraaqaa fi waraana walabummaa Oromiyaa tokko ijaarachuuf sagalee tokkoon yaadaan (in principle) waliigalle. Haa tahu malee;

2.1 Jaarmayoota miseensa THBO tahan keessaa jaarmayoonni afur; ATBUO, FIDO, GABUO fi AWOn adeemsa (process) walitti baqiinsaa ammumma irraa jalaqabanii irratti hojjachuudhaan yeroo murtaawe keessatti xumuruuf walii galanii tartiibaa hujii kanaaf barbaachisu illee lafa kaayatanii jiru.

2.2 Jaarmayni tokko (ABOn - jaal Dhugaasaa Bakakkootiin hoogganamu) ammoo, karoora yeroo gabaabaa fi kan yeroo dheeraa lafa kaayuun irratti waliin hojjachuudhaan sochii fi adeemsa fuulduraa irratti hundaayee murtii maayyii kennachuuf qophii tahuu ibsatee jira. Gaabaatti kan ABOn lafa kaaye, tarkaanfii mul’ataa tahe irraa, waliigaltee fi ejjennoo dhaabboleen dhawataan garsiisan tu murteessa. Jaarmoti miseensota THBO ta'an wal wajjin hojjechuu dhawaataan wal amantaa fi "capabilities" addaddaa horachaa deemu. Yeroo kana keessa (a) jaarmonni walitti baquu fedhanis walitti baqaa deemu; (b) ULFOn hojii qabsoo adda-ddaa hojjechuun bu'aa tokkummaa argisiisaa deema.

3. Adeemsa seena qabeessa jaarmayootaa fi qabsaawota walabummaa Oromiyaatiif qabsaawan hunda tokkomsuu kana irratti hirmaatanii qooda isaanii akka gumaachan jaarmayootaa fi qabsaawota THBOn ala jiran kanneen kaayoo walabummaa Oromiyaa, bilisummaa ummata Oromoo fi birmadummaa mootummaa Oromiyaa' deebisanii ijaaruuf qabsoo godhan hunda waliin qabsaawuuf balbala keenna banaa akka goonu waliif galle.

4. Amna seena qabeessaa fi adeemsa eebbifamaa tokkummaa qabsaawota walabummaa Oromiyaa kana hujii irra oolchuu fi fiixa baasuu akka nu dandeessisu tarsimoo fi riqicha (strategy and mechanism) laafa kaayanne.

5. Walhubannootaa fi waadaa asii olitti ibsame kana ummata keennaa fi jaarmayoota keennaaf dhiyeessinee, ir'innoota irreen tokkummaa qabsaawota walabummaa Oromiyaa itituu dhabuu irraa madde deeggersa ummata keennaatiin furmaataa fi murtii maayyii argamsisuuf waliigalle.

Waamicha:

1. Miseensonni jaarmayoota woliigaltee kanarra gayanii hundi akeekni eebbifamaan gurmuu qabsaawota walabummaa Oromiyaa deebisanii ijaaruun gabrummaa dhabamsiisuun akka fiixa ba'u woliigaltee kana duuba hiriiruun wareegama ol'aanaa irraa eeggamu hunda akka baasan/kafalan;

2. Jaarmayoonni Oromoo kan walgayii Gumii Idda Bu'oota THBO kanarratti hin argamin, garuu, kan kaayoo 'Walabummaa Oromiyaa, bilisummaa Ummata Oromoo fi birmadummaa mootummaa Oromiyaa' ijaaruuf qabsaawan marti waliigaltee eebbifamaa kana fudhachuun qooda isaanii akka gumaachan;

3. Ummanni Oromoo kan biyya keessaa fi biyyoota alaa jiraatu, jaarmayootaa fi qabsaawonni Oromoo marti gaaddisa tokkummaa kana jalatti gurmaawanii irree qabsoo walabummaa Oromiyaa humnessuun sirna kiyyoo gabrummaa dhabamsiisanii guyyaa ummanni Oromoo Oromiyaa walaba keessatti mootummaa birmaduu bilisummaan filatee nagayaa fi badhaadhinnaan akka jiraatu gochuu irratti qooda gahaa akka kennan waamicha goona.

Tokkummaan Humna!

Oromiyaan Ni Walaboomti!

1. Adda Tokkummaa Bilisummaa Ummmata Oromoo (ATBUO)

2. Adda Walabummaa Dimokraatummaa Oromiyaa AWDO (FIDO)

3. Adda Bilisummaa Oromoo (ABO)

3. Gumii Adda Bilisummaa Ummata Oromiyaa (GABUO)

5. Adda Walabummaa Oromiyaa (AWO)

Xiinxala

1. Yaadannoo Gabaabaa Seenaa Qabsoo Bilisummaa Ummata Oromoo

Ummanni Oromoo Sirna kiyyoo-gabrummaa gita-bittuu Habashaa jalatti kufuu isaatiin duratti mirga abbaa-biyyummaa akka qabu, sirna Gadaatiin bulaa fi of bulchaa turuu isaa seenaan ragaa dhaabbataa dha.

Laafinsa seenaa ijaarsa saba Oromoo keesssatti muldhateen wolqabatee, gargaarsaa fi deeggarsa gabroomfataan Habashaa humnoota maanya-gamaa irraa argateen madaalliin humnaa jijjiiramee ummanni Oromoo bittaa alagaa jalatti kufe. Saba gaaddisa sirna dimokiraatawaa Gadaa ijaaratee mirga guutuu sabummaa fi dhala-namoomaatiin dabaalamee ufiin bulaa tureetuu dhumaalettii jaarraa 19ffaa irratti afaan qawweetiin humnaan caphee hacuuccaa gabrummaa dhandhamuuf dirqame. Hennaa sana irraa ka'ee osoo biyya qabuu biyyaa fi biyyee isaa dhabee, osoo mirga qabu mirga isaa mulqamee, osoo qabeenya qabu irraa hoongayee, harqoota gabrummaa fe'amee hadhaa gabrummaa waga'amee gaddaa fi gadadoon jiraachuun hiree isaa taate.

Haa tawu malee, ummanni Oromoo yeroon inni harqoota gabrummaa hayyee jedhee fe'ame, waaroo salphinaa tole jedhee uffatee jiraate hinjiru. Biyya isaa ta humnaan irraa fudhatamte deebiffachuuf, mirga isaa ka humnaan sarbamee gonfachuuf, taligaa isaa ka diigame deebisee utubachuuf, warraaqsa farra gabrummaa fi sochii diddaa roorroo ka walirraa hincinne godhaa ardha gaye. Gabroofattootaa fi roorriftoota dhawaataa- dhawaataan gurmuu fi biyya isaa irratti woljijjiiran hundeen buqqisee of-irraa darbuuf wareegamni inni bara Minilik, bara HaylaSillaasee, bara Darguu fi ardhas mootummaa Wayyaanee jalatti baasaa jiru seenaa keessatti gulantaa ol-aanaa qaba.

Bara mootummaa gabroomfataa Wayyaanee, kan ummatoonni impaayerattii Toophiyaa keessatti argaman martuu hidhaan, ajjeechaa fi hacuccaan dararamaa jiran kana keessatti, duulli sanyii Oromoo lafarraa duguuguu daran hammaate malee tasumaa hin laafne. Gabrummaa fi cunqursaan bara mootummaa dullachoo Habashaa kolbaa bayee ifatti deemaa ture bara mootummaa Wayyaanee bifa jijjiiratee mirga ofiin bulmaataa waan kenne fakkeessee harka jalaan dhoowwachuun duulli sanyii Oromoo lafarraa duguguu kaayoo mootummaa Woyyaanee tahee iitti fufe. Akkuma warraaqsi diddaa gabrummaa qabsoo walabummaa Oromiyaa bobayaa deemuun mootummaan Wayyaanee dhabama irraa of-hambisuuf tarsimoo fi tooftaa bifa adda addaatti gargaaramuun hammeenya hiriyyaa hin qabne ummata Oromoo irratti raawwachaa jira.

Duula diinni ummata Oromoo fi Oromiyaa irratti geeggessaa jiru kana doomsuu bira qaxxaamuranii injifannoo mul'ataa galmeessuun Oromiyaa Walaba deebisuun gurmuu qabsaawota Oromoo kan shira diinaa fi ilaalcha ayyaan-laallattummaa fi haalaa-amala booddeessaan faca'e deebisanii ijaaruu fi humneessuu gaafata.

2. Haala Qabatamaa Hennaa Ammaatii fi Barbaachisummaa Jijjiirraa Hundee

Haalli yeroo ammaa tana mooraa qabsoo walabummaa Oromiyaa fi bilisummaa ummata Oromoo keessaa fi alaan irratti argamu jijjiirraa hundee gaafataa dhufuun ifatti mulla'ata. Sochiin warraaqsa jijjiirraa bu'uraa gola addunyaa hunda walfaanaa dhaqqabaa jira. Hobomboleettii siyaasaa ka hennaa ammaa gololee addunya keessa bubbisaa jirtuun illee hiriirri humnootaa shaffisaan geeddaramaa deemaa jira.

Humnoonni walabummaa Somaaliyaa deebisuuf qabsaawaa turan illee wareegama guddaa kafalanii kunoo ar'a weerartuu Wayyaanee qaanessanii gara dhuftetti deebisuun biyya ofii dhuunfatanii jiru.Mootummaan Wayyaanee biyya keessaan warraaqsa jijjiirraa hundeetii fi qabsoo sabootaatiin hudhamuun isaa dhugaa ifa jiru. Sochiin biyya keessatti humnoonni mootummaa Wayyaaneetiin ukkaamaman godhanis bowwoo fi dhibdee isaa daran hammeessa malee hinlaaffisu.

Jeequmsi diinagdee ka addunyaa raasaa jirus diinagdee Impaayerattii ta ibidda waraanaa irraa hafte waan hilu hinfakkaatu. Walhudhiinsaa fi wirrijjaan barcumaa fi Mansooraa Minilik dhaaluuf Wayyaanee fi humnoota

bakka kana deebisanii qabachuuf wixxifatan giddutti godhamus haala addunyaa ka jijjiiramaa dhufe wajjiin harguugamaa deema malee hinlaaffatu.

Haalli Impayera Itoophiyaa keessaa fi alaan jiru qabsoo walabummaa Oromiyaatiif mijjataa tawullee akkaataan mooraa qabsoo walabummaa Oromiyaa keessa jiru hedduu yaachiisaadha. Karaa biraatiin, mootummaan gabroomfataan Wayyaanee haala keessaa fi alaan jijjiiramaa jiru kana dhuumfatee dhabama irraa of-hambisuu fi warraaqsa jijjiirraa hundee kana ukkaamsuuf tarsimoo bifa addaa qabu karoorfatuu isaa bilchinnaan hubatuun yoomuu caalaa barbaachisaadha. Ummata Oromoo sanyii duuguuguuf duula walirra hincinne godhuu irratti dabalee, maqaa jaarsummaa fi araaraatiin jilbiiffattoota dantaan ofitti hawatee qabsoo walabummaa Oromiyaa ukkaamsuuf dhidhiitataa jira.

Gurmuun qabsaawota Oromoo bittinaawaa fi faffaca'aa tawuun dhugaa dhoysuun hindandayamne. Haalli jiru, qabsaawonni Oromoo yaadaa fi humnaan qoqqoodamuu isaanii muldhisa malee, tokkummaa isaanii hin agarsiisu. Dhugaan haalamuu hin dandennee: qabsaawonni Oromoo akka ammaa kanatti bittinaayanii kophaa kophaa dhaabbachaa, diina dhiisanii ofii qubaa fi qawwee ololaa wolitti qabuu itti fufuun, qabsoo kana fuuldura tarkaanfachiisuun hafee gaaga'ama qabsicha gufachiisu irraan ga'uu danda'an.

Jaarmayoonni bilisummaa Oromoo akkaataa amma jiran kanatti maqaa qofaan jiraachaa jijjiirraa bu'uraa kan ummanni Oromoo hawwu fiduun waan yaadamuu miti. THBOn illee yoo haala amma keessatti argamu hundeen jijjiiree gulantaa olaanatti of-guddise malee humna abdachiisaa fi irree sabaa tawuun ni dhiba. Walumaagalatti haalli yeroo ammaa mooraa qabsoo bilisusummaa Oromoo keessa jiru akkaataa amma jiruun yoo itti fufe sirna kiyyoo gabrummaa hundeen buqqifnee Oromiyaa walaboomsuun hafee akkuma sabaattuu jiraachuun gaafii jala seenuun ni mala.

Haa tahu malee, jijjiiramni haala addunyaa, kan Gaafa Afrikaa fi Impayerattii keessatti adeemaa jiru jireenya mootummaa Wayyaanee hundeen dhabamsiisuuf yoomuu caalaa kan mijate tahee mulla'ta. Qabsaawonni Oromoo illee haala jiru hundaa gadi-fageenyaan xiinxalluu fi itti fayyadamuun mooraa qabsoo walabummaa Oromiyaa keessatti jijjiirraa hundee argamsiisanii gurmuu tokkoon umrii mootummaa Woyyaanee gabaabsuun walabummaa Oromiyaa fi bilisummaa ummata Oromoo shaffisisuun dirqama seenaan irra kaaye tahee jira. Jijjiirraan kunis, kan humna Oromoo ittichee sabicha humneessu fi kan hundee gabrummaa buqqisu ta'uu qaba.

3. Handhuura akeeka Jijjiirraa Hundee

Akkuma asii olitti irra deddeebi'amee tuttuquun yaalame akeekni hinikkaan jijjiirama hundee, sirna kaayoo gabrummaa fi cunqursaan irratti ijaarame hundeen buqqisanii Oromiyaa walabaa keessatti ummata mirga abbaa-biyyummaa gonfateen mootummaa birmaduu-Dimokiraatawaa Republika Oromiyaa ijaaruudha. Kaayoo qulqulluu ummanni Oromoo waggaa dhibbaa ol kumaatamaan woreegameef tana galmaan gawuun diina keessaa fi alaa mooyachuu gaafata.

Diina alaa irra aanu jechuun, sirna abbaa-gabraatii fi daga-baaftummaa bifa hundaanuu diiganii mootummaa sirna kana baadhatee deemu cabsuu jechuudha. Handhuurti akeeka jijjiirraa hundee kaayoo humnoota sirna impaaye-rummaa sussuphanii yookiin bifa geeddaranii lubbuu isaa dheeressuuf hojjataniin wolii-faallaadha. Jecha biraatiin, sirna kiyyoo gabrummaa fi daga-baaftummaa diigu jechuun gita sirna kana baadhatee deemu buusuu qofa osoo hintayin, utubaa sirnichi irratti ijaarame, aadaa siyaasaa ka inni dhalee guddisee fi caasaa isaa ka irraa-jalatti diriirfatee sabootaa ittiin ukkaamsu mancaasuun hundee isaa hiddaan buqqisuu jechuudha.

Adeemsa qabsoo walabummaa Oromiyaa kan yeroo dheeraa fudhate keessatti, ilaalchi ayyaan laallattummaa fi

jilbiifatummaa gola golaa biqilee suuta suutaan dagaaguu irraa ka ka'e, aadaan siyaasaa arrab-lamummaa qor - qalbii gootummaa Oromoo faallessee mooraa qabsoo walabummaa Oromiyaa booressuun ifatti mull'atee jira.

Diina keessaa mooyachu jechuun, calaqqee sirna gabroomfataa ka taye, ilaalcha ayyaanlaallattuumaa, ilaalcha jilbiiffatummaa fi booddessitummaa irra aanuudhaan qor-qalbii gootummaa Oromoo dagaagsuun, ilaalcha qabsaawummaa kan sabboonummaa Oromoo irratti hundaaween aadaa wal-qixummaa, dimokraatummaa fi warraaqxummaa sirna gadaa Oromoo moosisuu jechuudha. Walumaagalatti, adeemsa toora qabsoo walabummaa Oromiyaa dukkaneessee diinaa fi fira gargar wollaalchise irra aanuudhaan gurmuu qabsaawotaa tokkoomsuu, jaarmaya jabaa, hoggana qaroo, warraaqaa fi ititaa, waraana gootummaan guutamee qabsoo walabummaa Oromiyaa fuulduratti furgaasuun Oromiyaa walaboomsee fi bilisummaa ummata Oromoo tiksu horachuun diina hinikkaa dachii Oromiyaa irraa buqqisuu dha.

Diinaa alaa fi keessaa irra aanannee, Oromiyaa walaboomsuu fi bilisoomsummaan jiraachuun tokkummaa cimaa akka sibiilaa nu gaafata. Kana gochuuf ammoo, haalaa fi amala booddessaa qabsaawota Oromoo tamsaasee qabsoo walabummaa Oromiyaa qancarse irra aanuudhaan aadaa gootummaa Oromoo, ilaalcha warraaqaa, qoraamala qaroo, kabajaa fi safuu Oromummaa dagaagsuun siyaasaa fi caasaa qabsoo walabaummaa Oromiyaa haaromsuun handhuura akeeka jijjiirama hundee kan hangafaati.

4. Kaayoo qabsoo walabummaa Oromiyaa fi Tokkummaa qabsaawota walabummaa Oromiyaa

Akaakuun tokkummaa bifa lamatti hiramee laalamuu ni dandaya: kunis, tokkummaa qancarsaa fi tokkummaa warraaqaa tahuu dandaya.

Tokkummaan qancarsaa fi booddessaan ilaalcha faallaa mirga namoomaa, mirga sabaa fi faallaa ol-aantummaa ummataa tahee mullata. Mirga ilmoo namaa fi kan sabaa kabajuun akeeka isaa waan ta'iniif, yeroo hunda of-shakkii, shiraa fi amala diiggaatiin guutamee boolloo kufaatii fi balbala hoongoo irra dhaabata. Yaada walabaa keessummeessuu waan sodaatuuf, waltajjii demokraatawaa rakkoon ittiin furatamtu ukkaamsee ofumaan of-diiga, of-facaasa. Ilaalcha ummatummaa waan hinqabneef, kaayo-dhabeessa ayyaanlaallatummaan guutamee fira fi diina gargar wollaalchisu taha.

Tokkummaan warraaqaan, tokkummaa mirga uumamaa kan ilmoo namaa fi kan sabaa kabaju, kan aadaa wal-qixummaa fi demokraatawaa dagaagsu, kan waltajjii walabaa gabbisee rakkoolee dhalachuu dandayan hunda karaa nagayaa fi tasgabbiin furuuf of-qopheesse tahee, ilaalcha qaroo fi aadaa baraneen gurmuu qabsaawotaa ijaara, itticha. Garaagarummaan fedhe qabsaawota jiddutti yoo dhalate, qabsaawonni walaba tahanii (sodaa tokko malee) rakkoo isaanii karaa nagayaa fi dada baasuu (aaga damboobuu) qofaan haasawaan furachuu aadaa siyaasaa isaanii taasifatu. Tokkummaan warraaqaan sirna gabrummaa, sirna cunqursaa fi ilaalcha booddeessaa fi qancarsaa ni balfata. Ilaalchaa fi sirna akkasii kanarratti murannoon qabsaawee dhabsiisaas.

Tokkummaan qabsaawota Oromoo kaayoo qabsoo walabummaa Oromiyaatiin wolitti hidhataa waan tayeef, mirga ummanni Oromoo uumamaan qabu osoo hin shasharafin, kaayoo xaliila: 'Walabummaa Oromiyaa, Bilisummaa ummata oromoo fi mootummaa birmaduu- Demokraatawaa Republika Oromiyaa' deebisanii ijaaruu galii siyaasaa godhatee, sirna gabroomfataa habashaa Oromiyaa keessaa hiddaan buqqisuuf irree tokkon qabsaayuu irratti xiyyeeffata.

Dararaan amma ummata Oromoo irra gahaa jiru yoomuu caalaa waan hammaateef, qabsaawonni Oromoo kan mirgaa fi kaayoo sabaa kanatti amanan martuu, tokkummaa isaanii cimsuun irree ummata Oromoo humnessuun dirqama seenaan irra kaaye tahee jira. Kanaafuu, qabsaawonni jaarmayoota walabummaa Oromiyaatiif qabsaawan

keessatti gargar faca'an martuu, tokkummaa isaanii waaltessuun jaarmaya jabaa, hooggana warraaqaa fi ititaa dandeettii gahaa qabu fi woraana walabummaa Oromiyaa shaffisisee sirna kiyyoo gabroomfataa Habashaa

dhabamsiisu ijaarachuun tarsiimoo filannoo hinqabne tahee jira. Akeeka qajeelaa qabsaawota Oromoo waltaasiee ummata Oromoo humneessu kana galmaan gahuu irratti guufuun nu qunnamu laafaa akka hin taane hubataa, jaarmayoonni Oromoo fi ummanni Oromoo deeggarsa barbaachisu hundaan akka nu bira dhaabatan abdii guddaa qabna. Hirmaannaa gahaan akka nu bira dhaabatan itti dhaamannas.

5. Toora Qabsootii fi Dhawaa-malaa

Muummeen gaafii tooraa fi daandii qabsoo gaafii 'akkamitti sirna-kiyyoo gabrummaa cabsinee Oromiyaa Walaboomsina' jettu irraa madditi.

Seenaa warraaqsa walabummaa sabaatii fi diddaa gabrummaa keessatti hennaa gabroomfattoonni karaa nagayaatiin jaarsummaa fi kadhaan, biyya akka qabeenya utubaa jireenya isaaniitti laalan gadi dhiisuun hafee aangoo gadi-dhiisanii uf-buusan hinjiru.

Seenaan ummatootaa fi saboota lolatanii walaboomanii ka mirkaneessu gabroomfataan humnaan man-sabaa biyyaa qabatee abbaa-biyyaa dhaale humnumaan buqqa'u. Kun daandii fi toora takkitti, filmaata biraa hinqabne, ta walabummaan Oromiyaa itti deebituu fi bilisummaan ummatichaa itti argamtu. Karaan diina sabaa hundeen buqqisee galma walabummaa fi bilisummaa ummataatti geessu warraaqsa diddaa gabrummaa keessa deebisee qabsoo hadhooftuu fi wareegama qaalii keessa fulla'a. Akka nam-tokkootti, akka jaarmayaa fi akka sabaattis xurree haqaa tana irratti wareegama barbaachisu baasuuf qophaawuu gaafata.

Akkuma gaafiin tooraa fi faaga qabsoo kaayoo hundee irraa maddu gaafiin dhawaa-mala (strategy) qabsollee gaafii toora qabsoo irraa madditi. Dhawaa fi malli ykn tarsimoon qajeelaan gara walabummaati ceesisuu jaarmayaa fi hogganni kaayoo fi imaammata qulqulluu fi ifaan masakamee, ummata qabsoo hiriirsuu fi injifannoo galmeessuun dhugooma.

Hundeen dhawaa-mala warraaqsa walabummaa sabaa diina sabaa dhabamsiisuudha. Kanaafuu akkuma gaafiin karaa fi toora qajeelaa qabsoo gara gaafii dhawaa-malaatti qajeelatti nu geessu gaafiin dhawaa-mala qajeelaallee gara xiinxallaa firaa fi diinatti nu geessa.

Gara gaafii jaarmayaa fi tokkummaa qabsaawota Oromootti cewuu keennaan duratti firaa fi diina keenna qulqulleessinee addaan baasuun injifannoo hawwamuuf murteessaadha. Ufii fi fira ofii jiraachisanii diina ofii dhabamsiisuun ofii fi fira ufii ijaaranii humnessuu waan gaafatuuf.

Walumaagalatti utubaan qabsoo walabummaa Oromiyaa baadhatee deemu ummata Oromoo baldhaa yoo tawu, firri tarsimoo ammoo sabootaa fi ummatoota akkuma ummata Oromoo sirna kiyyoo gabrummaa jalatti kufanii hadhaa akka tokkoo dhandhamaa turanii fi jiran ka fuul-duralleefis hiree wolfakkaataa qaban. Diinni ummata Oromoo ammoo sirna-kiyyoo gabrummaa, gita-bittuu mootummaa fi jaarmaya sirna kanaa fi ilaalcha isaa baadhatee deemu. Murnoonni ilaalcha ayyaan-laallattummaatiin liqimfaman, kan qoraamala jilbiiffattummaatiin booji'aman, kan ilaalcha qancarsaa fi booddessitummaan hidhamanii sirna gabroomfataa fi mootummaa cunqursaaf tumsan gufuu/farra qabsoo walabummaa Oromiyaatii fi bilisummaa ummata Oromoo ti.

6. Jaarmayaa fi Hooggana

Diina keessaa fi alaa irra aannee kaayoo ummata Oromoo galmaan gawuuf jaarmayaa fi hogganna akkamii nu barbaachisa' gaafiin jettu gaafii bilbeltuu hennaa ammaati. Gaafii tana bilchinnaa fi gadi-faggeennaan qoratanii

deebii quubsaa argamsiisuun hiree qabsoo walabummaa Oromiyaatiif murteessaadha. Haalli qabatamaan amma jiruu fi madaalliin humnaa jaarmayaa fi hoggana akaakuu addaa nu gaafata.

Dhaabni rakkoo qabsoo Oromoo mudatte furmaata waaraa kennuu dandawu uumaan isaa warraaqaa, sabboonaa, walaba, dimokiraatawaa fi waaltayaa yoo tawu, bifti isaa ammoo jaarmaya siyaasaa-waraanaa tawuu qaba. Bakka jaarmayaa fi hogganni warraaqaan jirutti ilaalchi jilbiiffattummaa, kan ayyaan-laallattummaa fi booddessitummaa

iddoo hinqabu. Bakka jaarmayaa fi hogganni warraaqaan jirutti ayyaanlaallattummaa, irkattuummaa fi gar-lamummaan hindagaagu; bakka jaarmayaan sabboonaan jirutti kittillayyummaan hinlalisu. Bakka jaarmayaa fi hogganni dimokiraatawaan jirutti abbaa-irrummaa fi ofittummaan hinsandaabu. Bakka ol-aantummaan seeraa jirutti akkafeetummaa fi sirna-dhablummaan hingarbaabu.

Jaarmayni yeroo fi haalli ammaa gaafatu jaarmaya keessa isaatti sirna dimokraatawaa fi seeraan bulmaataa maqaaf osoo hintaane dhugatti dagaagsee yaada miseensotaa, deeggartootaa fi ummata isaa kabaju, kan yaada isaaniitiif gatii guddaa kennuun ummata dhageeffatuu fi yeroo hunda dantaa hundarra dantaa sabaa dursu tahuu qaba.

Hoogganni yeroon gaafattu hooggana kutataa, hooggana hojjatee hojjachiisu; hooggana of wareegee qabsicha jiraachisuu fi milkeessuuf of kennee hojjatu ta’uu qaba. Hoogganni haalli qabsoo yeroo ammaa gaafatu hooggana qabsoo irraa fagaatee ilaala irraa taa’ee qabsoo geggeessu osoo hin taane hooggana barbadaa qabsootiin waadamee jaarmayaa fi waraana naamusa akka sibiilaa jabaatuu fi qara diina cabsee ummata Oromoo gurmeessee, ijaaree hoogganee, milkiin geessuu danda’u ta’uu qaba.

Jaarmayaa fi hoogganni yeroon gaafattu kan hujii milki-qabeessa hojjatu, kan rakkoon qabsoo qabsoon furamtitti amanee amantii kanaan taligamu, kan wareegama kafalee milkii argamsiiseen madaalamuuf qophaaye tahuu qaba. Jaarmaya fi hooggana fakkeenna gaarii tayee ummata baldhaa dammaqsee, gurmeessee, ijaaree, tokkoomsee hoogganuun injifannoo galmeessu ta’uu qaba.

Haalli qabatamaan hennaa ammaa, jaarmayaa fi hogganna kaayoo qulqulluu /xaalila irratti ummata Oromoo humnessee qabsoof hiriirsuu gaafata. Haalli hanga ammaa mooraa qabsoo walabummaa Oromiyaa keessatti muldhatu hundeen jijjiiramee tokkummaa amma qabnuun olitti tokkummaa ititaa, jaarmaya amma qabnuun olitti jaarmaya cimaa fi hoggana amma qabnuun olitti hoggana murannoo fi dandeettii gahaa fi qara qabu nu gaafata. Tokkummaa jabaa fi jaarmaya cimaan ka argamuu dandawu ammoo, jaarmayoota Oromoo kan kaayoo walabummaa Oromiyaa, bilisummaa ummata Oromoo fi birmadummaa mootummaa Oromiyaatti amanan walitti baysuun / wolitti dhangalaasuun qabeennaa fi humna Oromoo wolitti dayyaasuu fi qabsaawota Oromoo walitti gayyaasuu qofaan taya. Adeemsaa fi tarkaanfiin seena-qabeessi kun ammuma irraa bilchinaa fi ogummaan jalqabuu qaba.

Tokkummaan qabsaawota walabummaa Oromiyaa adeemsaa fi qabsoodhaan malee, cidha halkan ykn guyyaa tokkootiin waan dhufuu miti. Dhimma hogganoota fiixxee qofaan ykn namoota hagoo qofaan teessuma takka qofa irratti mallaatteessanii addaan galaniin xumuramus miti. Dhima yeroo gabaabduu keessatti raawwatuu mitis. Yaadaan, dabrees dalagaan jarmayaa fi qabsaawota walabummaa walitti baqsuun bu’aa tokkummaa dhugaa waan tayeef, waan dhiibbaa alaa godhamuu fi ajaja gubbaa gadi kennamuun argamuullee miti.

Tokkummaa hindaddaaqne, tokkummaa akka utubaa sibiilaa jabaatu uumuun ka dandayamu yoo jaarmayoonni, hogganoonni, miseensonni fi deeggartoonni gulantaalee adda addaa irratti argaman garaagarummaa isaan jiddutti dhalatu fedhiin, walqixxummaan, walabummaa fi dammaqiinsaan marii bilchaataa fi ilaa fi ilaameen furatanii kaayoo takka irratti tokkummaa dhugaa uuman callaa taya.

Tokkummaan akkasii hawwiin, futunaa fi dheebuun hindhuftu. Akkuma walabummaan Oromiyaa fi bilisummaan sabaa qabsoo hadhooftuu fi wareegamaan dhuftu, tokkummaan qabsaawota Oromoollee fedhii mataa ofii kitimanii jaalala sabaa fi kan biyyaa dura aansuu qofaan kitimaa ulfaataan dhufti. Kanaafuu lammiin sabaa wareegama ulfaataa fi qabsoo hadhooftuuf uf-qopheessuun yoomuu caalaa qabsoo Oromoo keessatti murteessaadha.

Warraaqxota, sabboontotaa fi qabsaawota Oromoo yaadaan walfudhachiisuu fi kaayoon walsimsiisuun daangaa (dallawa) jaarmayoota diiganii qabeenna, beekkumsaa fi humna namaa walitti dhangalaasuun, uf-tuulummaa fi dhiphummaa ilaalcha jaarmayaa irra aananii maadhee-maatii hogganaa fi miseensotaa walitti gayyaasuun murannoo, obsa, yaroo fi ogummaa guddaa gaafata.

Garaagarummaan yoo jiraate marii bilchaataan furatanii qaawwa diinni keessa hulluuqu cufatanii tokkummaa kaayo-qabeessa irratti yaadaa fi hujiin walitti baquun adeemsaa fi tarkaanfii muldhataan dhufa. Rakkoo akka tokkoo waliin keessa seenanii waliin keessaa bawuun, hadhaa akka tokkoo waliin habbuuqatanii keessa fulla’uun waraana sabaa tokkummaa fi humna akka sibiilaa qabu uuma.

Jilli Gumii Idda Bu'oota THBO wolgayii Amajjii guyyaa 30-31 godhate irratti, dararaa fi haala suukanneessaa ummata Oromoo irra gahaa jiru, jijjjiirama haala addunyaa, jijjiirama gaafa Afrikaa fi kan Impaayera Tophiyaa keessatti adeemaa jiruu fi haala mooraa qabsoo walabummaa Oromiyaa keessatti mul’atu takka takkaan akka armaa oliitti baldhinnaa fi gadi-fageennaan xiinxalee, jijjiirama mooraa qabsoo walabummaa Oromiyaa keessatti hatattamaan barbaachisu sirnaan akeekee, tokkummaa qabsaawota walabummaa Oromiyaa hujiin dhugoomsuuf, waadaa ‘Jaarmaya tokko, hooggana tokko, waraana tokko’ horachuu irratti yaadaan walii galee jira.

Tokkummaan Humna!

Oromiyaan ni walaboomti!

Gumii Idda Bu’oota THBO

Ammajjii 31, bara 2009